Ministeera Federaala Dimokiratawaa Itiyphiyaa
Ministeera Bishaani fi Inarjii
Pirojektiin Saffisaa fi Hawwaasaan Durfamu COWASH ' Marsaa 4ffaa

Dubartoota Aangessuu Pirojektii (COWASH) Keessatti

Caamsaa 2014 A.L.I

Hojilee COWASH

Pirojektii "**COWASH** " Gabaabinaan

Pirojektiin kun waliigaltee gargaarsaa mootummaa Fiinlaandiii fi mootummaa Itiyoophiyaan kan deggeramuu fi kallatiidhaan waliinga'iinsa fooyya'iinsa tajaajila bishaan dhugaatii, qulqullina naannoo fi dhuunfaa keessatti gumaacha kan taasisuu dha. Bara 2005 irraa eegalee marsaa afuriin qoodamee raawwataa jira.Pirojaktiin COWASH Karoora waggaa kudhani biyyatiin qabateefis gahee taphachaa jira.

Marsaa 1ffaa
Adole 2004 – Ful 2008

Marsaa 2ffaa
Onk. 2008 - Adole 2010

Marsaa 3ffaa
Hag. 2010 – Bit 2013

Marsaa 4ffaa
Ebla 2013 – Mude 2016

Yeroo ammaa, pirojektiin kun aanaalee 104 mootummaa naannoo 7 (Amaaraa,, Benishaangul, Oromiyaa, Sidaama, Kibba Lixaa, Ummatoota Kibbaa fi Tigraay) keessatti argaman keessatti hojii irra oolaa jira. Pirojektiin kun dhaabilee miti-mootummaa fi qooda fudhatoota sektera keessatti hirmaatanii hundaa waliin ni hojjeta.

Adeemsa Projaktii Hawaasaan Hogganamu

Tarsiimoon raawwii pirojektiii **COWASH '** adeemsa Pirojektii Hawwaasaan Hogganamuu (PHH) dha.

Bittaa meeshaalee ijaarsaa dabalatee aangoo Maallaqa ijaarsaa fi pirojekticha bulchuu hawwaasa bakka bu'ee hojjetuuti gara koree WASHCO ti dabarsa

Tooftaa raawwii salphaa fi mijataa qaba. Imaamata fi qajeelfama raawwii hojii ifaa ta'e ijaarsa dandeettii bal'aa ta'e wajjin diriirfamee.

Sababa hawwaasni keessatti hirmaatuuu fi akka qabeenya isaatiiti waan ilaaluuf buufataleen ijaaraman tajaajila wal-irra hin cinnee fi bara dheeraa kennu.

Bufataale Bishaani Hawaasaa Qaama Midhamtoota Haammachiiso ta'aan

Bishaan Boollaa Paampii Harkaa Qabu,

Bombaa Bishaani Burqaa ykn bolla irraa

WASHCO Keessatti Dubartootaaf Xiyyefannaan maaliif kennamee?

Bishaan waraabuun hojii ijoo dubartootaa fi dubaraa waan ta'eef keessummaa yeroo lafa fagoo irraa waraabamu miidhaamina isaa olaanaa dha

Bishaan waraabame ga'aa fi qulqulluu ta'u dhiisuu danda'a

Yeroo fi humni bishaan waraabuu irratti gubatu ykn ba'u gara hojii bu'aa olaanaa qabuu fi dandeettii ofii guddifachuu irra ooluuu danda'a.

Bishaani baatanii karaa dheeraa guyyaa-guyyaati deddeebi'uun miidhamaa fi dhukkubaaf saaxilamuu danda'u.

Dubarri laguu qabu taanaan mana barumsa irraa hafuu danda'u

Yeroo laguu, ulfaa fi da'umsaa dubartootni miidhaamaa fi dhukkubsachuu danda'u

Mana fincaanii guyyaa-guyyaa dhaquu sodaa xiqqeessanii nyaatu dhugu.

Tajaajila qulqulina dhunfaa dhabuun dubartootaa fi shamarran kalattii hedduun ni miidha.

Hanga dhi'ee dukkanaa'uti mana fincaanii waan hin deemineef dhukkubaaf saaxilamuu danda'u

Dubartootni Itiyoophiyaa Yeroo Bishaan Waraabaniti Rakkina Isaan Irra Ga'u,

Hojiiwwan COWASH sadarkaa qabatamaani fi tarsimoodhaan Dhiraa fi Dhalaa fayyadamoo gochudhaaf

①

Hojiiwwan WASH dhiheenya manneen jireenyaatti hojjataman **feedhii qabatamaa** dubartotaa fi ijollee dubaraa dhimmoota armaan gadii irratti gutuu danda'uu

Haala Foyeessa

✓Qulqullina eegumsa laguu, fayyaa wal hormaataa fi haadholee

✓Gahee adaadhaan qaban salphisa

✓Saaxilummaa yeroo bishaan waraabuuf fagoo deemani fi godaaratti bobbaa'an qaban hir'isa

Feedhiiwwan tarsimoo korniyaa dhimmoota gitawwan dhiraa fi dhalaa hawaasa tokkoo keessatti waliin qaban kanneen armaan gadiitti caqasaman ilaalata

Gita Foyeessa

✓Waliin qodiinsa hojii saalaa
✓Argachuu fi to'achuu qabeenyaa
✓Sadarkaa maatii fi hawaasaatti aangoo murtoo dabarsuu

②

Sagantaale jijjirama korniyaa WASH irratti xiyyeefata, pirojektiin COWASH haala isaani jijjiruu dabalataan dubartoonni, ijolleen dubaraa fi qaama midhamtonni sadarkaa hawaasa keessatti qaban akka foyya'u karaa armaan gaditiin carraaqa

✓Angoomsu dubartoota dhibaman, ijollee dubaraa fi qaama midhamtoota hoggansa tajaajila WASH ttin fiduun*

✓Ilaalcha isaani qoddachuun,

✓Gahee hoggansa irratti ramadaman gahee dhaan akka bahaatan gochuun

✓Dhimmoota al wal-qixummaa maatii keessa jiran irratti hojjachuun.

*"Angomsu jechuundandeetti namoota dhunfaa ykn garee dabaluun filannoo akka godhan taasisu fi filannoo filatan sana gara hojiitti ykn bu'aatti akka jijjiran adeemsa godhamu dha." Baankii Addunyaa

Qabiyeewwan Dubartoota Angomsu Arfan

Tajaajila akka argatan aangessuu

- Tajaajila bishaan dhugaatii argachuu
- Tajaajila saaniteeshinii argachuu
- Yeroo laguuf tajaajila barbaachisu argachuu

Hawwaasummaa fi Aadaan Aangessuu

- Mirga dubbachuu
- Dandeetii Dubbachuu
- Gaaffiin mirga dubartoota fudhatama argachuu

Siyaasaan Aangessuu

- Sagalee dubartootaa warra sagalee hin qabneef
- Mirga filatamuu fi filuu qabaachuu

Dinagdeen Aangessuu

- Madda galii uumuu
- Qabeenyaa fi carraa jiruti mirga fayyadamuu fi toa'achuu qabaachuu

---

- Waldhabii mana keessaa ni xiqqeessa
- Dirqiin gudeeduu ni xiqqeessa
- Dhukkuba tajaajila bishaan dhugaatii dhabuu irraan kan dhufan ni xiqqeessa

- Murtoo laachuu keessatti hirmaannaan dubartootaa ni dabala.
- Tajaajila odeefannoo argachuun ni dabala
- Beekumsa fi ragaa irratti hunda'an murtoo laachuu ni dabala.
- Tajaajila gabaa, eegumsa fayyaa fi barnoota argachuu ni dabala

- Mirga dubbachuu fayyadamuun barcuma mootummaa argachuuf hirmaannaan dubartootni filannoo keessatti qaban ni dabala

- Tajaajila liqii argachuun ni dabala
- Ogummaa ykn dandeetii gabaa keessatti dorgomuu ni dabala

Dubartoota Aangessuuf Bakka Ka'umsaa kan WASHCO fi (COWASH)

Hojiwwan tarsimoo	Tajaajila Akka Argatan Taasisuu	Hawwaasummaa fi Aadaan Aangessuu	Siyaasaan Aangessuu	Dinagdeen Aangessuu
Haammachisummaa fi wal-qixummaa Hoggansa tajaajila fi hojirra olmaa WASH keessatti Garee Deggertoota sadarkaa naannoo keessatti hojjetaa yeroo guutuu qacaruu ykn fokaal personii filachuu Qajeelfama leenjii qopheessuu fi hiruu Hordoffii, gamaagamaa fi gabaasaaf ragaa saalaan adda ba'e fayyadamu u Koree WASHCO ykn gurmaa'ina hawwaasa giddu jiranii fi raawwii gaarii qaban badhaasuu Tajaajiloota WASH keessatti hawaasni qixxee akka to'atuu fi fayyadamu	Dandeetii ogeessa sadarkaa aanaa fi miseensota gandaa cimsuu Tajaajila saniteeshinii akka ijaaratani fi fayyadaman saala lamaanuu irratti xiyyeefatame barnoota qulqullina naannoo fi dhuunfaa Tajaajila fooyya'aa irraa abbaa warraa harka qalleyyin akka fayyadamuu danda'aniif hawwaasa bal'aa dadamaqsuu Tajaajila manneen barnootaa keessatti argamu seeraan akka fayyadamanii fi yeroo laguu qulqullina isaanii eegachuu akka danda'an gumii n shamarranii jajabeessuu Hojiwwan Hoggansa eegumsa qulqullina laguu dubartoota fi jollee dubaraa mana barumsaa fi mana barumsaan ala irratti xiyyeefachu	Ogeessa hawwaasa fayyadamaa irratti xiyyeefachuun dandeetii WASHCO cimsuu Abba warraa qoodaman (marginalized) tajaajila argachuu isaanii mirkaneefachuuf fedhiin dubartoota aangessuu akka uumamu taasisuu. Hojii koorniyaa sektera WASHCO keessatti diriirsuuf hariiroo (partnership), waliin hojjechuu (Networking) fi babal'isuu (advocacy) kan idilees ta'e kan al-idilee cimsuu Qorannoo addaa addaa kan qaama miidhamtoota fi dubartoota giddugaleessa godhate geggeessuu fi tamsaasuu	Kootaa miseensummaa koree WASHCO Dubartootaaf kenname qofaa osoo hin taanee dura-taa'aa ta'anii akka hojjetan jajjabeessuu . Dubartoota gara geggeesummaati ol-fiduuf leenji geggeesummaa hanga sadarkaa koreeWASHCO ti gadi buusuu Walgahii hawwaasaa dhimmaa BSQ irratti geggeefamu bakka fi yeroo isaa dubartootaafi qaama midhamtotaaf mijataa taasisuu. Tajaajila WASHCO keessatti dhiiraa fi dubartootni walqixa hirmaachisuu yaada fi beekumsa saala lamaanuu fudhachuu	Hojiiwwan bu'a qabeessa ta'an (productive) warra dhiiraan dhuundfatamee jiru keessatti warri dubartootaa akka hojjechuu danda'aniti haala mijataa uumuu.

Adeemsa Jijjirama Sagantaa Korniyaa

Bu’aa argamuu fi Agarsiistuu isaa.

Bu’aa(**Outcome**): Itti fufinsaa fi haammachisummaa WASH Jabeessu

Omisha (*Output*:)1: Dubartoota angeesu fi hirmachisuma qaama midhamtoota pirojektii COWASH ttiin argame. Agarsistuwwan Hordoffii hojii

% dubartotaa gita hojii hogganummaa WASHCO (walitti qabdu, baressitu, qarshii qabdu) irratti hojjachuuf akka danda’aan ilaalchaa fi ofitti amanamummaa qaban aanolee pirojektii COWASH marsaa 4ffaa keessatti

% buufataalee bishaani hawaasaa COWASH marsaa 4ffaa miseensota WASHCO yoo xiqqaate 50% ta’aan dubartootaan kan guttaman

% bufataale bishaani hawaasaaa COWASH marsaa 4ffaa gita hojii hoggansummaa dubartotaan gutaman

% bufataale bishaani hawaasaaa COWASH marsaa 4ffaa gita hojii hoggansummaa sadanu dubatrtotaan guttaman

Baay’ina koree WASHCO bufataale bishaani hawaasaa COWASH marsaa 4ffaa miseensota isaani keessaa qaama midhamaa gosa kamiyyuu qaban (saalaann adda bahe)

Baay’ina barattoota dubaraa (umurii kudha lamaa ol) barnoota isaani buufata bishaani foyya’aa fi dhaabbilee hoggansa qulqullina laguu (MHM) COWASH marsaa 4ffaa tiin argatan (qaama midhamummaan adda bahee)

Baay’ina barattoota dubaraa (umurii kudha lamaa ol) barnoota isaani tajaajila WASH gutuu ta’een COWASH marsaa 4ffaa tiin argatan (qaama midhamummaan adda bahee)

% intarpiraayizoota maayikiroo fi xixiqqaa COWASH marsaa 4ffaa tiin deggaramani bu’aa qabeessa ta’aan aanolee COWASH Marsaa 4ffaa keessatti

Baay’ina namoota leenjii hoggansa pirojektii hawaasaan hogganamu (CMP Management) fi leenjiwwan wal fakkaatan (haala staandaarditiin) deggarsa COWASH marsaa 4ffaa tiin argatan (saalaa fi qaama midhamummaan adda bahee)

Sagantaa ijaarsa dandeettii dhimmamtoota naannoleetiif kennamu

Hojii Gara Fuula-duraa

Jiruu fi jireenya dubartootaa fooyyesuuf qooda fudhatootni sektera BSQ keessatti hojjetanii fi sadarkaa hundumaa irratti argaman dhimma dubartoota aangessuu irratti harka walqabatanii hojjechuu akka qaban yaada dhiyeesina. Qooda-fudhatootni kunneen dhimmoota kanaan gaditi mul'atan irratti yoo hojjetan filatamaa dha.

- Dubartootaa fi shamarran aangessuuf humna namaa, maallaqa, fi meeshaalee waliti qindeessuu
- Hojii haala qabatamaa irratti hundaa'e raawwachuuf haala amma jiru qorachuu
- Tooftaalee fi kallattii addaa addaa fayyadamuun beekumsaa fi muuxannoo dubartoota fi shamarran aangessuuf gargaaran waliif qooduu
- Dubartootaa fi shamarran aangessuuf muuxannoo gaarii fi tarsimoo fooyya'aa ta'an
  babal'isuu
- Dubartootni fi shamarran baadiyyaa rakkoo isaan quunnamu hiikachuu akka danda'anii fi mirga isaaniif dubbachuu akka danda'an waltajii mijataa uumuu.

Qooda fudhatootni sektera BSQ hundi dhaadannoo "Dubartoota aangessuun hawwaasa bal'aa aangessuu dha" jedhu ol-kaasanii akka dhageesisan Pirojektiin BSQ-SHDn waamicha isaa dhiyeessa.

Pirojektiin COWASH deggersa mootummaa federaalaa, mootummaa naannoo fi Embaasiin mootumaa Finlaandin taasiseef hedduu galatoomfata.

Manneen fincaanii fooyya'aa qaama midhamtoota haammachisaa ta’ee manneen barnotaa keessatti hojjatame

Pirojaktii Hawaasaan Hogganamu (COWASH)
Ministeera Bishaani fi Inarjii
Finfinnee, Itiyopiyaa
Website: www.cmpethiopia.org
Facebook: Community Managed Project
Youtube: CMP Ethiopia
Telegraami: CMP Ethiopia
Twitter: CMP Ethiopia
Inistaagraami: CMP Ethiopia